ABOn Hawaasa Oromoo Washington DC Qubateef Ibsa Kenne

(Hagayya 14, 2010, Washington DC) - ABOn Hagayya 14, 2010 hawaasa Oromoo Washington DC qubateef ibsa kenne. Walgahii "Haala QBO harr'a keessa jiru, tarkaanffii itti aanu fi qooda sabboontoota fi Haawaasa Oromoo" ibsuu irratti xiyyeeffate kana irratti bakka bu'oonni ABO wal duraa dubaan ilaalcha dhaaba saanii gad-fageenyaan ibsan.

Jaal. Galaasaa Dilboo, HD ABO durii fi miseensa Koree Hojii Geggeessitu (KHG) ABO, karaa telefoonaa yeroo dubbatan Jaallan Ibsaa Guutamaa fi Zalaalam Nagaasaa qaamaan irratti argamuun haasaa godhan.

Ibsa saanii keessati, Jaal. Ibsaan haala amma hawaasin Oromoo fi qabsoon isaa keessa jiru erga xiinxalanii booda rakkooleee addaddaa ummaticha fi qabsichatti gufuu ta'an xuxxuqan. Akkasumas, rakkoolee kana furuuf furmaata tokko tokko, kaneen ammatti ABOn irratti hojjetaa jiru fi kan fuula duratti akeeku addadaa ibsan.

Haala hawaasin Oromoo keessa jiru ilaalchisee karaa dinagddee "lafi Oromoo orma garba gamaa fi dureeyyii biyya keessaaf qircamaa jiraachuu" fi "Maqaa laficha taadhomsuun haddhaan itti namm'u fayyaa nama fi bishaan lagaa hammam balleessaa akka jiru" akka fakkeenyatti dhiheessun hammenya ummata keenya irratti mootummaa koloneeffataan hojjetamaa jiru qooda fudhattoota yaadachiisan. Dhaaboti wallaansaa gahoon dhibuu irraa kan ka'e fi kan jiranis meeshaa gahaa waan hin qabnneef ummatin keenya dhukkuba addaddaan dhumaa jira jedhan. Akkasumas, waanti daa'immi Oromoo barachuu qabdu too'annaa halagaan masakama waan jiruuf *kurfabarumsaa* (curriculam) Oromia keessatti yeroo ammatti hojii irra oolaa jiru kan ilmaan Oromoo duubatti hanbisuuf akeekkate waan ta'eef saaxiluuf hojjechun dirqama qabsaa'otaa ta'uu yaadachiisan.

Waliigalatti, haalli ummatin keenya fi qabsoon keenya keesa jirru qaaneessaa tahuun hubatamee meeshaa QBO kan ta'e ABO dhinsuu fi humnneessuu sosso'aa akka jiran ibsan. Sochiin kunis hamma tokko milkaa'ee, qaama ABO tokko (Koree Yeroo – ABO) wajjin koree qindeessituu utubuun waliin hojjechuu jalqabuuf saganteefachaa jirra jedha.

Qaama Shanee Asmaraa wajjin "kaayyoo irrati hubannoo walfakii dhabuu" ha jiraatu malee abdii kutannoo malee addadummaa keenya kana irra aanna jennee

abdanna jedhanii jiru. Ha ta'u malee, "… irra darbuun osoo beeknuu ilaalcha adda addaa qabacha duuchaati haa joganu jechuu[n] … ABO, ABOmmaasaa dhabsiisuu taha" jechuun ilaalcha ABO ibsan. Lolttota ABO duubaan rukutuun, ilmaan Oromoo dhiiga wal dhangalaasisuun "… kaayyoo keenya irra nu kaachisuun yaadamee yoo tahee dogoggora gowwaati" jechuunis akeekkachiisan.

Jaal Zalaalam Nagaasaa karoora ABO yeroo gabaabaa erga ibsanii booda milkoomina karoora kanaaf qooda hawaasa fi sabbontota Oromoo irraa eeggamu yaadachiisan. Akkasumas uummata Oromoo sossodaachisuun akka inni abdii kutatee harka kennuu taasisuuf tattaaffii godhamaa jiran addaddaa saaxilanii jiru.

Kaneen yeroo dabre "globalization" fi "super power" tokkichaan Oromoo doorsisaa turan yeroo inni harkaa fudhatamuu didu ammammoo", walabummaa biyya keenyaaf falamachuun uummata daangaa keenya irra jiru hunda diina nutti godha; Wayyaanee aangoo irratti eeguun bu'aa biyyoota akka Indiaf fi China (kanneen lafa Oromoo irraa bitatan) waan ta'eef irratti nu hin dhiisan – kanaaf, sabin keenya waan Wayyaaneen nutti darbbattu fidhatee garbbummaa jala akka turu gorsu jechuun uummatin Oromoo olola kanaaf akka gurra hin kennine yaadachiisan.

Karrori ABO yeroo gabaabaa: (a) Dandeettii fi qabeenyasaa gara caalu WBO guddisuu fi jabeessuu irratti bobbaasuu; (b) Sochiin qabsaa'ota tokkomsuu amma itti jiru bal'atee akka dhaabota Oromoo walaba hunda hammatu gochuu; (c) Biyya keessa fi alatti uummata ijaaruu fi qabsoofsisuu yeroo kamuu caalaa finiinsuu dha jechuun tarreessan.

Ha ta'u malee, karoorri kun hundi akka humnna namaa fi qabeenya gaafatuu fi gargaarsa hawaasa Oromoo malee bakka gahuu akka hin dandeenya hubachiisanii sabbontonni Oromoo dhaabichatti akka miseensomanii qooda saanii gummaachan waamcha dabarsanif. Kanneen amma miseensummaaf hin qophaa'inis, yaada fi qabeenyaan dhaabicha deggeruun akka qooda saanii bahatan waamicha godhan.

J. Galaasaa Dilboo, H/D ABO duraanii fi miseensa KHG ABO, karaa telefoonaa walgahicha irraa ibsa gabaabaa kennanii jiru. Ibsi saanii kunoo.

Dhuma irratti, walgahichi maree bal'aa fi gad-fagoo erga geggeessee booda Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) cimsuu fi ittiin diina kana cabsuu malee filmaatin biraa akka hin jirre murteessee WBOf maallaqa gumaachuun xumurame.